MANA BARUUMSA BIRUUH TASFAA SAD*. 1*FFAA
***QORMAATA MOODEELA KUTAA* 8*FFAA SEMISTEERA* 2*FFAA BARA* 2012/2020**
Gosa Barnoota: ***Lammummaa fi Amala Gaarii*** *Sa'aatii kenname* **1**: **30**

QAJEELFAMA WALIIGALAA

1. *Ajaja kenname sirriitti dubbisi*
2. *Yoo gaaffii qabaattee osoo qormaanni hin eegalin nama to'atu gaafadhu. Qorumsi jalqabnaan gaaffii fi deebiin hin danda'amu*
3. *Waraqaan qorumsaa kun barattoota kutaa 8ffaa qormaata Barnoota Afaan barataniin kan qopha'eedhaa*
4. *Tokkoon tokkoon gaaffii filannoowwan afur A, B, C fi D jedhamanii dhiyaatan qaba.*
5. *Tokkoon tokkoon gaaffii fi filannoowwan isaa erga dubbisteen booda filannoo deebii ni ta'a* Jettu
   waraqaa deebiif qopha'e irratti qubee filannoo keetii qubeessaadhaan gurraachessi.

Fakkeenyaaf "C" *kan filatte yoo ta'e akka armaan gadiitti qubee* "C" *hammattuu keessa*

jiru gurraachessi

[*A*] [*B*] [***C***] [*D*]

6. *Yoo deebii jijjiiruu barbaaddee dura filannoo kee isa duraa sirriitti haquu qabda.*
7. *Qormaata kophaa kee hojjechuu qabda.*
8. *Yoo naamusaan ala hojjattee argamte firiin qormaata ketii ni haqama*
9. *Yeroon qormaataaf kenname dhumuu isaa too'ataan yoo sitti hime battalumatti dhaabuu qabda*

HANGA SITTI HIMAMUTTI FUULA KANA HIN GARAGALCHIN!

Moodeela barnoota BLAG kutaa 8ffaa bara 2012

1. himoota armaan gadii keessaa barbaachisummaa heera mootummaa federaalaa ilaalchisee kan sirrii **hin** taane isa kami?
   A. Ummattoonni dhimma mataa isaanii ofiin akka murteessanii fi akka ofiin of bulchaniif
   B. Tajaajiloota dhaabbilee bulchiinsaa fi qaamman haqaa dhiyeenyatti akka argataniif
   C. Dhimma keessoo bulchiinsa mootummaa naannoo hunda irratti mootummaan federaalaa akka murteessuuf
   D. Naannoolee gidduutti guddinni wal madaale akka jiraatu gochuuf
2. Sonaawwan amaloota **yaraa** kan ta'e isa kami?
   A. Namoota dadhaboo gargaaruu
   B. Yeroo boqonnaa hunda taphaan dabarsuu
   C. Mirga namoota biroo kabajuu
   D. Rakkoo naannoo keenyaa waliin ta'anii furuu keessatti hirmaachuu
3. Badhaasaan mucaa waggaa kudha afuriiti(14). Rakkoo fayyaa isa mudateen fincaan isaa qabachuu waan hin dandeenyeef siree irratti fincaa'a. haamilee isaa eeguuf dhimmi kun dhokfamuu akka akka qabu beekamaadha. Dhimmi kun gosoota iccitii kam jalatti ramadama?
   A. Iccitii maatii B. Iccitii Hiriyaa C. Iccitii D. Iccitii Biyyaa
4. Faayidaa dammaqinaan himaachuu ummataa kan **hin** taane isa kami?
   A. Mirga dhimma ofii isaanii irratti ofiin murteessuu hawaasaa cimsa
   B. Gaddina Misoomaa itti fufiinsa qabu mirkaneessa
   C. Olaantummaa abbootii aangoo mirkaneessuuf
   D. Imaammataa fi tarsiimoo mootummaa qeequu fi yaada filatamaa dhiyeessuuf
5. Gibira ilaalchisee kan **soba** ta'e kami?
   A. Bu'uuraalee misoomaa babal'isuuf
   B. Garaagarummaa hiyyeessaa fi inveestarootaa bal'isuuf
   C. Fayyadamummaa hawaasaa wal qixa ta'e mirkaneessuuf
   D. Investimantii babaldh'isuuf
6. Tartiiba sirrii kan agarsiisu isa kami?
   A. Seera mana barnootaa → Heera mootummaa federaalaa → Heera mootummaa naannoo → Qajeelfamoota biiroo barnootaa
   B. Qajeelfamoota biiroo barnootaa → Heera mootummaa naannoo → Dambii biiroo barnootaa → Dambii mana barnootaa
   C. Heera mootummaa federaalaa → Heera mootummaa naannoo → Qajeelfamoota biiroo barnootaa → Dambii mana barnootaa
   D. Dambii mana barnootaa → Heera mootummaa naannoo → Qajeelfamoota biiroo barnoota → Heera mootummaa federaalaa
7. Mirgoota kaffaltoota gibiraa ilaalchisee kan **sirrii hin** taane isa kami?
   A. Baay'ina hamma gibira isaan irratti ramadamee gaafachuun fi koomii yoo jiraate dhiyeeffachuu
   B. Dhaabbilee tajaajila kennanitti wal qixxummaan fayyadamuu

C. Mirga gibirri funaaname maaliif akka oolu gaafachuun baruu
D. Yeroo galiin isaanii hir'ate mirga gibira kaffaluu dhiisuu

8. Gochoota miidhaa qabanii fi gufuu guddinaa ta'an ittisuun
   A. Itti gaafatamummaa dhuunfaa tokkoon tokkoo lammiiwwan hundaati
   B. Gahee qaama seera raawwachiiftuu qofa
   C. Addatti gahee poolisiiti
   D. Gahee abbootii seeraa qofa
9. Waa'ee waldaalee siivikii kan sirrii ta'e isa kami?
   A. Rakkoo hawaasaatiif furtmaata barbaaduu
   B. Hundeeffamni isaa bu'aa dhaabbata isaaniitiif ta'uu
   C. Mootummaadhaan kan hundeefaman ta'uu
   D. Siyaasaa fi hawaasummaa wal faana kan gaggeessaniidha
10. Qaamoleen haqaa Walabummaa guutuun hojii isaanii raawwachuu qabu jechuun
    A. Aantummaan murteessuu
    B. Aanga'oota mootummaatiin qajeelfamuu
    C. Seeraa fi dambii qofa bu'ureeffachuun murteessuu
    D. Gidduu galtummaa qaama hojii raawwachiiftuu keessummeessuu
11. Ijoon kaayyoo imaammata alaa Itoophiyaan amma hordoftu isa kami?
    A. Birmadummaa fi fedhii Biyyoolessaatiif dursa kennuu
    B. Fedhii fi faayidaa biyyoota ollaatiif dursa kennuu
    C. Weeraraan boyyoota biroo qabachuuf dursa kennuu
    D. Yeroo hunda gargaarsa argachuuf of qopheessuu
12. Saboonni, sablammoonni fi uummattoonni miira jaalala biyyaa akka gabbifataniif maaltu barbaachisa?
    A. Garaagarummaa ture dhabamsiisaa adeemuu
    B. Kabajamuu mirgoota namummaa fi dimokraasii gabbisuu
    C. Baay'ina Afaanotaa gara tokkootti fiduu
    D. Baayina hawaasaa xiqeessaa adeemuu
13. Haqummaan biyya tokko keessa jiraachuun isaa karaa kamiin ibsama?
    A. Qaamni aangoo qabu olaantummaa isaa mirkaneessuu
    B. Mirgoonni garee xiqqaa qofti xiyyeeffannoo yoo argate
    C. Bu'aa fi faayidaan abbootii taayitaa kan ummataa yoo caale
    D. Lammiiwwan wal qixxummaan tajaajilaa fi eegumsa yoo argatan
14. Itoophiyaan sirnoota darban keessa sadarkaa addunyaatti maqaa gaarii ittiin beekamaa turte isa kami?
    A. Misooma amansiiaa mirkaneessuu
    B. Birmadummaa ishee eeggachuun
    C. Lammiileen ishee gama adda addaatiin of danda'uun
    D. Bulchiinsa gaarii mirkaneessuun

15. Kan armaan gadii keessa bu'aa itti gaafatamummaa waliinii bahuu kan ta'e kami?
    A. Namoota murtaa'an fayyada
    B. Namoota hunda fayyada
    C. Yeroo baay'ee nama jalaa fudhata
    D. Hojii duubatti harkisa
16. Ilaalcha maxxantummaa namni qabu
    A. Biyyaaf bu'aa guddaa kenna
    B. Maatiif bu'aa guddaa kenna
    C. Walta'iinsa mootummaa fi ummataa jabeessa
    D. Miidhaa guddaa biyyarratti fida
17. Barmaatileen boodatti hafoo namoota baay'ee hiyyummaaf saaxilan
    A. Affeerraan garaagaraa baay'achuudha
    B. Baankii keessatti qarshii qusachuu dha
    C. Inshuraansii keessatti hirmaachuudha
    D. Uqubii namoota wajjin seenudha
18. Bulchiinsi gaariin hir'ateera yoo jennu maal jechuu keenya?
    A. Loogummaan hir'ateera jechuudha
    B. Gartummaan hojjachuun baay'ate jechuudha
    C. Malaammaltummaan hir'ateera jechuudha
    D. Abbootiin dhimmaa yeroon keessummaa'an jechuudha
19. Madda beekkumsaa isa ol'aanaa kan ta'e kami?
    A. Raadiyoo B. Mana barumsaa C. Teeppii D. Hiibboo fi mammaaksa
20. Gufuu misoomaa fi diinagdee biyyaa kan ta'e keessa tokko isa kami?
    A. Kadhachuu
    B. osoo hin hojjatin nyaachuu
    C. hojii tuffachuu
    D. hunduu deebii sirridha
21. Akka heera MFDRI yeroo ammaatti mana murtii ilaalchisee sirrii kan ta'e isa kami?
    A. Manni murtii seera raawwachiisuuf aangoo qaba
    B. Manni mirtii dhiibbaa kamirraayyuu bilisa
    C. Manni murtii abbootii aangootiif dursa kenna
    D. Manni murtii seera tumuuf aangoo qaba
22. Kanneen armaan gadii keessaa amala lammii diimokraatawaa kan **hin** taane isa kami?
    A. Mirgoota bu'uraa lammiilee beekuu, kabajuu fi kabachiisuu
    B. Garaagarummaan ijaarsa sirna dimookraasiitiif barbaachisaa ta'uu isa amanuu
    C. Garaagarummaan jiraatus wal danda'uun nagaan waliin jiraachuu
    D. Faayidaa dhuunfaa faayidaa waliinii dursisiisuu
23. Aadaa dimookraasii dagaagsuuf barbaachisaa kan **hin** taane isa kami?
    A. Yaadaa fi iaalcha namoota biro kabajuu
    B. Wal dhabiinsa karaa marii fi nagaatiin hiikuu

C. Adda addummaa fedhii fi ilaalchaa hubachuun keessummeessu
D. Gartummaan hojjachuu

24. Bu'uuraalee ijaarsa sirna dimookraasii keessatti kan hin hammatamne isa kami?
    A. Hirmaannaa lammiilee si'aayinaa fi cimina qabu
    B. Qajeelfamoota ol'aantummaa seeraatiif bitamuu
    C. "Ilaalcha kanan ani jedhe malee hin ta'u" jedhu dhaadhessu
    D. Mirga hiriira nagaa bahuu
25. Miidhaa qabeenya uumamaa fi hambaalee seenaa kunuunsuu dhabuun qaqqabsiisu kan hin taane isa kami?
    A. Gammjjii babaldhisa
    B. Madaala naannoo jeeqa
    C. Madda galii turiizimii argamsiisa
    D. Hiyyummaadhaaf nu saaxila
26. Waadaa galame cabsuun
    A. Gartummaadha
    B. Gantummaadha
    C. Aantummaadha
    D. Amanamummaadha
27. Kutaan hawaasaa caalmatti dhibee HIV/AIDS tiif saaxilamaa ta'e kami?
    A. Daa'imman
    B. hayyoota
    C. dargaggoota
    D. manguddoota
28. Aadaa hojii cimsuu keessatti barbaachisummaa dandeettii fi naamusa cimsuu kan **hin** taane kami?
    A. Aadaa hoji cimaa ijaaruu
    B. Meeshaalee ammayaatti fayyadamuuf of qopheessuu
    C. Hojii koorniyaadhaan qooddannee kan ofii keenyaa qofa hojjachuu
    D. Diinagdee fooyyeessuuf carraaquu
29. Miira ofitti amanamummaa gabbifachuuf barbaachisaa kan **hin** taane kami?
    A. Dandeettii ofii beekuun gabbisuu
    B. Haqa jiru amananii fudhachuu
    C. Dhibaa'ummaa qabaachuu
    D. Karoora qopheeffachuun hojii ofii madaaluu
30. Dhabamuun sirna dimookraasii miidhaan inni fidu
    A. Wal kabajuu, wal amanuu fi wal dhaggeeffachuun ni dhabama
    B. Filannoo haqa qabeessi ni taasifama
    C. Birmadummaan ummataa ni kabajama
    D. Abbaan aangoo ummata ta'a

31. Ilaalchonni boodatti hafoon jijjiiramuu kan danda'an yoomi?
    A. Barmaati aadawaan yoo babal'ate
    B. Odeeffannoo afaaniif xiyyeeffannoon yoo kenname
    C. Ilaalchi saayinsawaan yoo babal'ate
    D. Barmaatileen hundi yoo kunuunfaman
32. Ummata fi dargaggeessa _____ qabu daangaa biyyaa akka kabachiisuu fi wal qixxummaa akka dagaagsuuf kakaasuun hin barbaachisu.
    A. Shakkii waliin jiraachuu qabu
    B. jaalala biyyaa qabu
    C. Tokkummaa hin qabne
    D. Olaantummaa qabu
33. Biyya garaagarummaan afaanii, sabaa, amantii, fi seenaa keessa jirutti kan barbachisu isa kami?
    A. Olaantummaa saba tokko dhaadhessuu
    B. wal danda'uu nagaan wajjin jiraachuu
    C. Seenaa isa tokkoo tokkorratti fe'uu
    D. Seenaa isa tokko saamanii kan ofii taasisuu
34. Ibsitoota naamusa gaarii kan hin taane isa kami ?
    A. Kabajaa haadhaa fi abbaa
    B. manguddoo gargaaruu
    C. Hangafa kabajuu
    D. Of tuulummaa qabaachuu
35. Hojii komishinii mirga namoomaa kan hin taane kami?
    A. Qaamota mirga namummaa sarban Adabuu
    B. Qabiinsa mirganamummaa irratti qorannoo gaggeessuu
    C. Mirga namummaa irratti hubannoo hawaasaa cimsuu
    D. Tajaajila gorsaa hawaasaaf kennuu
36. Malaammaltummaan barattootaan hin raawwatamne kami ?
    A. Qormaata hatuu
    B. Barfachuu
    C. Qabeenya barattoota biro hatuu
    D. kaaznaa mootummaa keessaa saamuu
37. Malaammaltummaa barsiisotaan raawwatamu kan hin taane kami?
    A. Qorannaa adda addaa gaggeessuu
    B. Qabeenya mana barumsaa qisaasessuu
    C. Seeraan ala barataaf qabxii dabaluu
    D. Seera mana barumsaa cabsuu
38. Waa'ee malaamaaltummaa kan ibsu kami ?
    A. Of qofa jaalachuu
    B. Bu'aa seeraan ala argachuudha

C. Yakka
D. Hunda deebii sirriidha

39. Kanneen armaan gadii keessaa akaakuu mirga namummaa kan **hin** taane kami?
A. Mirga lubbuun jiraachuu
B. Mirga nageenya qaamaa
C. Mirga amantii fedhan hordofuu
D. Ilaalcha siyaasaa fedhan hordofuu

40. Kanneen armaan gaditti tarreeffaman keessaa mirga dimookrasii kan **hin** taane kami?
A. Mirga gurmaa'uu
B. Mirga filuu fi filatamu
C. Mirga walgahii gochuu
D. Miidhaa qaamaa irraa bilisa ta'uu

41. Mul'istootaa sirna dimookraasii kan ta'e kami?
A. Aadaan wal danda'uu jiraachuu
B. Dhibaa'ummaan itti gaafatamummaa irratti jiraachuu
C. Wal diddaa fi lola babal'isuu
D. Garaagarummaa kabajuu dhabuu

42. Mirgi wal qixxummaa ummataa jiraachuu kan ibsu kami?
A. Loogiin dhabamu
B. Filuunis ta'ee filatamuun walqixa hirmaachuu
C. Namni hundi seera fulduratti wal qixa ta'uu
D. Hunduu deebii sirriidha

43. Namni tokko mirga isaatti fayyadamuuf haal-dureen inni guutuu qabu kami?
A. Mirga nama biroo kabajuu
B. Malaammaltummaa kennuu
C. Dhiiraa ta'uu
D. Aangoo qabaachuu

44. Caasefama mootummaa dimookraatawaa feederaalawaa ruppaabilika Itoophiyaa keessatti aangoon seera hiikuu kan eenyuuti
A. kan mana mare bakka bu'oota ummataati
B. Kan Qaama seera rawwatuuti
C. Kan mana mare federeeshiniiti
D. Kan mana murtiiti

45. Daldalli kontrobaandii
A. Dhuunfaafis ta'ee Biyyaaf bu'aa gaarii qaba
B. Jireenya hawaasaa fi guddina biyyaa faalleessa
C. Jireenya hawaasaas ta'ee guddina biyyaa ni jajjabeessa
D. Bulchiinsa gaariif bu'ura ta'a.

46. Itti gaafatamummaa bahuu dhabuu ilaalchisee himni dhugaa ta'e isa kami?
A. gooltummaa irratti hirmaachuu.
B. Safuu hawaasaa kabajuu
C. Mangoddoo kabajuu
D. Maatii gargaaruu

47. Maalummaa fi babaachisummaa Heera mootummaa federaalaa kan **hin** taane isa kami?
    A. Walii galtee mootummaa naannooleetiin hundeeffama
    B. Aangoo mootumaa naannoolee ifaatti agarsiisa
    C. poolisiin aangoo olaanaa biyyattii qabaachuu isaa mirkaneessa
    D. Heera ol aanaa biyyattiiti
48. Mirga wal qixxummaa amantii kabajuu dhabuun miidhaa akkamii geessisa?
    A. Walbummaa yaadaa
    B. Walitti bu'iinsa
    C. Mirga amantii
    D. Aadaa wal danda'u
49. Akka heera MFDRI tti mirga diinagdee lammii Itoophiyaa kan hin taane kami?
    A. Mirga ogummaa barbaadan filachuu
    B. Sochii diinagdee hunda keessatti hirmaachuu
    C. Jireenya bu'uuraa guuttachuu
    D. Qabeenyi dhuunfaa horatamu daangeffamuu
50. Bu'aan kabajamuu wal qixxummaa saboota, sablammoota fi ummattootaa ilaalchisee kan adda ta'e kami?
    A. Ofiin of bulchuu
    B. Carraa barnootaa walqixa argachuu
    C. Afaan dhalootaatiin fayyadamuu
    D. Gartummaa dagaagsuu
51. Yaada armaan gadii keessaa waa'ee afaanii ilaalchisee hima kamtu sirriidha?
    A. Afaan tokko tokko kan biro ni caala
    B. Afaanonni hundi meeshaa ittiin walii galamu ta'uu isaaniitiin wal qixa
    C. Afaanota kan biroo beekuu fi barachuun fayidaa hin qabu.
    D. Afaan olaanaafi gadi aanaan waan jiruuf hundi wal qixa miti.
52. Sonaawwan wal qixxummaa kan hin taane isa kami?
    A. Wal qixxummaa aadaa fi amantii
    B. Gandummaa dhaan yaaduu
    C. Hiree ofi ofiin murteeffachuu
    D. Seera fuunduratti ija tokkoon ilaalamuu
53. Itoophiyaa keessatti barmaatilee miidhaa geessisaniin caalatti miidhamaa kan jiran eenyudha?
    A. dargaggoota
    B. ga'eessota
    C. Dubartoota
    D. manguddoota
54. Sonaawwan bulchiinsa gaarii kan hin taane kami?
    A. Iftoomina
    B. Amanamummaa

C. Itti gaafatamummaa
D. Ofittummaa

55. Mul'istoota sirna dimookraasii kan hin taane isa kami?
A. Wal danda'uu
B. Walqixxummaa
C. Dammaqinaan hirmaannaa ummataa
D. Bulchiinsa sagalee xiqqaa

56. Faayidaa beekumsaa ilaalchisee kan add ta'e kami?
A. Of dhiphisuuf
B. Kalaqaaf
C. Qorannoof
D. misoomaaf

57. sababiin qisaasa'uu qabeenya uumamaa fi dabareewwan seenaa
A. hubannoo fi miirri itti gaafatamummaa xiqaachuu
B. turiizimiin babal'achuu
C. Ogummaa eegumsaa irratti leenjiin dhibuu
D. Paarkii fi muuziyeemiin xiqqaachuu

58. Yeroon warqeedha jechuun maal jechuu dha?
A. Yeroo Akka warqee qarshiitti jijjiirama
B. Yeroon namoota biroo irraa liqeeffachuu kan dandeenyudha
C. Yeroon calaqqisaadha jechuudha
D. Yoo liqeeffanne dhalli isaa baay'eedha jechuudha.

59. Maqaa heera federaalawaa sirrii kan ta'e kan qabu isa kami?
A. Heera dimookraatawaa rippabilika Itoophiyaa
B. Heera federaalawaa dimookraatawaa Itoophiyaa
C. Heera dimookraatawaa federaalawaa Itoophiyaa
D. Heera federaalawaa, dimookraatawaa rippabilika Itoophiyaa

60. Rakkooleen loogummaan wal qabatanii dhufan kan ta'e kami ?
A. Fayyadamummaa namoota muraasaa mirkaneessuu
B. Qabeenya biyyaa wal qixa fayyadamuu
C. Babal'achuu bu'uuraalee misoomaa
D. Nagaafi tasgabbii mirkaneessuu.